**ADDA BILISUMMAA OROMOO (ABO-WBO)**

**OROMO LIBERATION FRONT** جبهة تحرير أورومو

**Date**: December 23, 2024 **Nr.**: IEABO WBO/12-01/2-2024

**Guyyaa**: Mudde 23, 2024 تاريخ **Lakk.**: IEABO-WBO/12-01/2-2024 رقم

# Haguuggaa Hundeeffama "Izzii Faannoo Wallaggaa" Yoo Mulqamu
## *(Ibsa ABO- WBO)*

Dhimma jidduu kana Wallaggatti sadarkaa "izziiti" hundeeffamuu faannoo jechuun odeessaalee sobaaf dhugaan wal keessa afarfaman fi tamsaasifaman ilaalchisee fi qabatamaan lafarraa maaltu akka jiru qorannee dhiyeesuun barbaachisaa ta'uu isaa hubachuun qorannee jirra. Ammatti wanti qabatamaan ABO-WBOn bira gahe kan armaan gadiiti.

### 1. Shira Yartuu fi Salphoo Oromoo Irratti Aggaamame

Akkuma hunduu yaadatu, 2018 irraa kaasee ajandaa humni faannoo jedhamu irratti wal ijaare lafa keessaa qotee baasee, waaqolii tolfamaa itti ijaaree masaraa keessa kaahee, ajandaa nafxanyaa waggaa shantaman darban bira darbamee ture deebisee akka dhalatu kan taasise Abiy Ahmedi. Itti fufuun, humna kana lafaratti ijaaruun waraana Tigrayiifis ta`e Oromiyaa keessa gaggeessan irratti kan bobbaasan Abiy Ahmed, Dammaqaa Mokkononiifi Shimallis Abdiisaa ta´uus hunduu ni yaadata. Har´a Faannoo naannoo Amaaraa keessa socho`u waliin wal gananii lola irra kan jiran yoo ta´eyyuu seeliin Faannoo "mootummaa" shiftaa Abiy Ahmed waliin socho´an garuu hafaniiru. Isaan keessaa adda durummaan kan tuqamu Faannoo ammallee Dhiha Tigraay keessa socho`u. Bifuma wal fakkaatuun, humni Faannoo Wallaggaa jechuun of waamu kun, gurmuu namoota dhuunfaa muuxannoo waraanaa qabanii fi namoota sirni Abiy Ahmed leenjii waraanaa kennuun caasaa nageenyaa godhatee anngoo isaa ittiin tiksuuf dhimma itti bahaa jiruufi ture, yoo ta'an, humni kun, uummata Oromoo aanaa Kiiramuu Gandoota Wofcii Baagin, Haaroo, Caffee Guddinaa, Margaa jireenyaa, Siree Dooroo, Ashuu Kusaayee, Qilxuu Aabboo, Lalistuu Somboo, Baddeessaa, Guddinaa Jireenyaa fi Naccinoo jedhamuun beekaman keessa jiraatan qabeenya isaanii saamuun ajjeechaa gara-jabinaa irratti rawwachuun Qe'ee isaanii irraa buqqisuun kan beekamaniidha.

### 2. Walitti Dhufeenya Tikaa fi Waraana Sirna Biltsiginnaa Waliin Qaban

Gareen kun kan sosocho'u fedhii fi heyyama sirna Biltsiginnaa biyya bulchaa jiruun yoo ta'u, hoogantoonni garee kanaa hanga walakkeessa ji'a fulbaana bara 2024tti, caasaa mootummaa sadarkaa gadiitti, sirnicha tajaajilaa kan turan, gargaarsa meeshaa waraanaa fi leenjii waraanaa mootummaa irraa kan argataa turan ta'uun beekameera.

Ji`oota lama dura, waldhabdee isaanii fi Bulchitoota gandaa jidduutti uumamee ganda Margaa Jireenyaa keessatti Bulchaa gandaa nama Margaa Lamuu jedhamuu, waa'illan isaa Alamiroo Rattaa fi Akliiluu Fiqaaduu jedhaman dabalatee haleellaa irratti raawwataniin miidhaa ajjeechaa fi madeessuu rawwatanii turan. Gochi kun

murna aangoo irra jiru yeroof kan mufachiise yoo fakkatellee, sadarkaa waldhabdee garuu hin geenye. Yeroo ammaa kana illee sirni biltsiginnaa, garee kanaaf gargaarsa kallatti godhaafii akka jiru ragaan qabatamaa jiru ni addeessa.

Haa ta'uutii caasaan tikaa murna angoo irra jiruu, hangi tokko kaayyoo fi galma garee kanaa keessatti warra Godina Horroo Guduruu Wallaggaa ala jiranii kana waan hubatee beeku yoo hin fakkaanne illee, gareen kun garuu namoota sadarkaa ol'aanatti caasaa tika sirnichaa hojjetaa jiran waliin walqunnamtii qaban itti fufu isaanii ragaa qabatamaatu jiru. Odeeffanoolee keessaan qabnu irratti dabalata, qabxiileen armaan gadii qabatamaan ifatti beekamanis sanuma mirkaneessu :-

- Ibsi garee kanaan kenname, kan miidiyaa hawasaan balinaan tamsa'e, bakki irraa kenname bakka mootummaan to'ate jiru irraa mana barumsaa Haroo ta'uu isaa;
- Gareen kun mooraa waraanaa sirnichaa irraa kilomeetira shanii hanga kudhanii hin caalle irratti mooraa leenjii qabaachuu isaa;
- Magaalota Waraanni sirnichaa keessa qubatanii jiran keessa sodaa fi dhorkaa malee bilisaan sosocho'uu isaanii;
- Sirni PP warra Faannoo ofiin jedhu kana hidhachiisuu fi jajjabeessuu irra darbee uummata Oromoo naannoo jiru akka of irraa hin ittisne haamlee cabsuu;
- Geggessitoonni waraanaa sirnichaa fi geggessitoonni aanaa, yoo ilmaan keessan tole jedhanii leenjii milishummaa hin fudhatan ta'e faannoo gadi isinitti dhiifna jechuun doorsisuu isaanii;

Bakka deeggarsa sirna Bilxiginnaa hin jirretti haalli siyaasaa fi dinagdee Oromiyaa sosochii garee kanaaf kan hin mijanne ta'uun isaa beekamaadha. Gareen kun moggaasa maqaa "izzii" isaanii irraa jalqabee jibba Oromoon kan socho`an ta´uun ifaa dha.

**3. Meeshaa sirnichi ittiin walitti bu'iinsa uumu ta'uu**

Sirni bilxiginnaa walitti bu'iinsa sabaa fi sablamii gidduutti uumuun, tooftaa angoo irra ittiin turan jedhee amana, garee kanas yeroo garagaraatti meeshaa godhatee itti fayyadamaa ture. Kaayyoon garee kanaas akkuma faanno sirna Bilxiginnaatti hirkatee lixa Tigiraayitti raawwate sana nu yaadachiisa, kan isaan kana adda godhu sobaan kan mootummaa waliin wal dhabiinsa qaban fakkaatanii sosocho'uu isaaniiti.

**4. Tarsiimoo Mataa Biltsiginnaa Abiyyi Ahimeed Waliin Kan Wal Simatu Ta'uu Isaa**

Erga bara 2018 karoorri yaalii mootummaa ce'umsaa fi nagaa mirkaneessuun fashalaa'ee kaasee mataa biltsiginnaa kan ta'e Abiy Ahimed garee hidhatan dhoksaanis ta´e ifaan hidhachiisee uummata saamsisuun, qe'ee irraa buqqisuun waan baratameedha. Kanas kan raawwatan waan lama galmaan gahuuf yaadanii ta'uun yaadatamuu qaba. Isaanis:
- Sirnichi sabaa fi sablammii Oromiyaa keessa jiraatan ajjeesuun WBOtti qabachuu, Maqaa WBOtiin mormitoota isaa Oromiyaa keessaa balleesuudha.
- Dabalataanis uummata Amaaraa maqaa WBOn sodaachisee of jalatti jilbeefachiisee bituu yaaduun karoorfatee hojjetaa ture.

Haa ta'u malee waraanni bilisummaa Oromoo hooggansa isaa ammaa jalatti ciminaan hiriiruun mirga uummata isaa fi gaaffii uummata isaaf amanamummaa isaa cimsuun qabsoo isaa finiinsaa itti fufee jira. Sirni biltxiginnaa WBO injifachuu akka hin dandeenye jala muree barullee, walitti bu'insa sabaa fi sablammii uumuu har'a illee akka tooftaatti raawwataa jira. Kaayyoon “Faannoo Wallaggaa” ittiin tiksaniifis kanuma.

**5. Hordoffii Wal Irraa Hin Citne Taasisuu**

Sosochii Gareen kun godhu hordofuu fi qorannoo dabalataa gochuun keenya kan itti fufu ta'ee, gamanumaa wanti beekamu qabu garuu, humna kamuu farra fi faallaa uummata keenyaa ta'uun sosocho'uu, uummanni kan obsaan hin ilaalle ta'uu firris diinnis akka hubatu beeksifna.

**Ajajaa Ol’aanaa ABO-WBO**
**Mudde 23, 2024**